

Tafsiira Suuratu Luqmaan-Kutaa 10

Description

Qabannoo Cimaa Qabachuu

Namni jirenyaa keessatti wanta cimaa qabatee daandii qajeelaa irra ittiin deemu jiraachu qaba. Wanta cimaa yoo hin qabatin asi achi osoo raata'u jirenyaa isaa qisaasessa. Kanaafu, qabannoonaan cimaan namni yoo qabatee hin kufnee maalidhaa? Namni qabannoo kana qabatee gammachuu fi milkaa' inna abadii dhandhama. Mee haa ilaallu:

وَمَن يُسْلِمْ وَجْهَهُ إِلَى اللَّهِ وَهُوَ مُحْسِنٌ فَقَدِ اسْتَمْسَكَ
بِالْعُرْوَةِ الْوُثْقَىٰ وَإِلَى اللَّهِ عَاقِبَةُ الْأُمُورِ

(٢٢)

“Namni toltaa osoo hojjatuu fuula isaa gara Rabbiitti kenne, dhugumatti qabannoo cimaa qabatee jira. Xumurri dhimmoota hundaa garuma Rabbiiti.” Suuratu Luqmaan 31:22

Wusqaa (qabannoo) jechuun wanta tokko qabachuuf caafi isaa irratti wanta akka geengoo godhamuudha. Jookin qabannoo qaba, baaldin qabannoo qaba. Akkasumas, wusqaan tushaa walakkaan isaa akka geengotti guduunfamee wanta tokko ittiin qaban ykn fannisan ta'uu danda'a.[\[1\]](#) Ingiliffaan jecha wusqaa jedhu “handhold” jechuun hiikan

Jecha wusqaa (qabannoo) jedhu haala ergifannaatin amanti, yaada fi humna ijaan hin mul'anne irraa wanta siritti qabatan agarsiisuuf itti fayyadaman. Kanaafu, asitti qabannoonaan cimaan kuni Laa ilaah illallah dha. Kana booda hiikni aayah:

Namni dubbii fi hojji isaa kan bareechisuu fi sirnaan hojjatu ta'ee ibaadaa isaa Rabbiif qulqulleessee fi niyyaan isaa gara Gooftaa isaa ta'ee, qabannoo hundarra cimaa jaalalaa Rabbiif fi Jannatatti isa geessu qabatee jira. Namni qabannoo cimaa kana qabatee, qabannoonaan kuni ni cita jedhee hin sodaatu.

Dhugumatti qabannoo kufaatii fi kirkiruu irraa nagaha ittiin ta'u qabatee jira.[\[2\]](#)

“fuula isaa gara Rabbiitti kenne” jechuun imala qormaataa isaa keessatti nama ajajoota Rabbiif fi wantoota Inni dhoowweef filannoo ofiitiin masakamuudha.[\[3\]](#) Jecha biraatin, jaalala Isaatii fi mindaa Isa bira jiru kajeelun wanta Rabbiin itti ajaje hojjachuu fi wantoota Inni dhoowwe dhiisun **Isaaf buluudha**. “**fuula isaa gara Rabbiitti kenne**” yommuu jedhu Rabbiin ala gara wanta biraan kan hin mil'anne ta'uu agarsiisa. Kana jechuun hojji isaa hunda Rabbiif qofa godha. Rabbiin ala nama irraa mindaa, faaruu, na jaja, na argaa fi wanta biraan kan hin barbaadu. Hojji isaa guutuu Rabbiif qulqulleessa (ikhlaasan hojjata).

Namni Rabbiif hin masakamne (hin bulle) immoo adabbiin isaa akkami? Aayah armaan olii irraa itti aanse ni dubbata:

﴿وَمَنْ كَفَرَ فَلَا يَحْزُنْكَ كُفُرُهُوَ إِلَيْنَا مَرْجِعُهُمْ فَنِيبُّهُمْ بِمَا عَمِلُوا إِنَّ اللَّهَ عَلِيمٌ بِذَاتِ الصُّدُورِ ﴾٢٣﴾

“Nama kafare, kufriin isaa si hin gaddisiisin. Deebiin isaanii garuma Keenya, ergasii wanta hojjata a turan isaanitti himna. Dhugumatti, Rabbiin Beekaa wanta qoma keessa jiruuti. Yeroo xiqqoof isaan qananiisna ergasii gara azaaba (adabbi) cimaatti isaan dirqisiifna.” Suuratu Luqmaan 31:23-24

Nama Rabbitti amanuu dide, kufriin (amanuu diduun) isaa si hin gaddisiisin. Sababni isas, Guyyaa Qiyaamaa deebiin isaanii garuma Keenya ta'a. Hojji fokkuu isaan addunyaa keessatti hojjataa turan isaanitti beeksifna. Ergasii jazaa isaanii isaaniif kafalla. Dhugumatti Rabbiin wanta qoma keessa jiru hunda beeka. Kan akka niyyaa, yaada gaarii fi badaa, kufrii namoonni qoma keessatti dhoksan hunda ni beeka.

Warroota amanuu didanii fi ajaja Keenyaaf buluu didan addunyaa keessatti yeroo xiqqoo isaan itti qanani'an ni tursiifna, wanta jaallatan isaanifi kennina. Ergasii Guyyaa Qiyaamaa adabbi cimaa dirqamaan akka seenan isaan taasifna. Adabbiin kunis ibidda Jahannami.[\[4\]](#)

﴿وَلَئِنْ سَأَلْتَهُمْ مَنْ خَلَقَ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضَ لَيَقُولُنَّ اللَّهُ قُلِ الْحَمْدُ لِلَّهِ بَلْ أَكْثَرُهُمْ لَا يَعْلَمُونَ ﴾٤٥﴾

“Samiwwanii fi dachii eenyutu uume?” jechuun yoo isaan gaafatte, dhugumatti ni jedhu, ‘Rabbiidha.’ Jedhi, ‘Faaruun hundi kan Rabbiiti.’ Garuu irra hedduun isaanii hin beekan.” Suuratu Luqmaan 31:25

Kana jechuun warroota Rabbiin ala wanta biraat gabbaran kanniin akkana jechuun osoo gaafattee: “Samiwwanii fi dachii eenyutu uume?”, yoosu “Rabbiitu isaan uume” jedhu. Yoo isaan kana jedhan, ati immoo “Faaruun hundi kan Rabbiiti.” jedhi. Kana jechuun faaruun hundi kan homaa hin uumne inumaa kan uumamaniif osoo hin ta'in Rabbii kana hunda uumeefi. “Garuu irra hedduun isaanii hin beekan.” Kana jechuun namoonni Rabbiin alatti wanta biraat gabbaran (waaqefatan) kunniin ibaadaan eenu qofaaf ta'uu akka qabu itti hin xinxallan. Kanaafi, wanta biraat Isa waliin gabbaran (waaqefatan).[\[5\]](#)



لِلَّهِ مَا فِي السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ إِنَّ اللَّهَ هُوَ الْغَنِيُّ الْحَمِيدُ

“Wanti samiiwanii fi dachii keessa jiran kan Rabbiiti, Dhugumatti, Rabbiin Isumatu Dureessa, Faarfamaadha.” Suuratu Luqmaan 31:26

Aayah tana keessatti dhimma lama shirkii soba ta’uu agarsiisuu fi amantin shirkii isaan qabatan soba ta’u wanta mushrikoota amansiisutu jira.

Dhimmi 1ffaan: “Wanti samiiwanii fi dachii keessa jiran kan Rabbiiti.”

Isin Rabbiin Uumaa samii fi dachii akka ta’ee erga amantanii, wanti isaan keessa jiru hundi uumamtoota Isaa ta’uu beekaa. Hundi isaanitu uumamtoota Isaa erga ta’anii, shakkii tokko malee uumamtoonni kunniin kan Isaati. Eenyullee Isa waliin abbaa itti ta’uu hin danda’u. Uumamtoota kana keessatti fedhii abbaatiin ala kan biraa fayyaduu fi miidhuun dhiibbaa qaba jedhanii odeessun madaala sammuu qulqulluu kan diigudha. (Fakkeenyaaaf, abbaan qabeenya osoo hin hayyamin namni biraa dhufuun qabeenya isaa keessatti wanta fedhe hojjachuu danda’? Uumamtoonni hundi qabeenya Rabbii erga ta’anii hayyamaa fi fedhii Isaatin ala uumamtoota kana keessatti kan waa hojjatu ni jiraa? Hayyama Isaatin ala kan fayyaduu fi miidhuu danda’u jiraa?)

Kanaafu, Rabbiin ala wanti tokko fayyaduu fi miidhuun dhiibbaa qaba, sababa kanaan ibaadan isaaf mala jedhanii odeessuun yaada sobaa sheyxaanonni namatti hasaasaniidha.

Dhimmi 2ffaan: “Dhugumatti, Rabbiin Isumatu Dureessa, Faarfamaadha.” Kana jechuun Rabbiin olta’aan uumamtoota uumuu, dhimmoota isaanii too’achu fi qindeessu keessatti shariikota Isa gargaaran godhachuu irraa dureessa.[\[6\]](#) Dureessa jechuun kan homaattu hin hajamne. Rabbiin Dureessa homattu hin hajamneedha. Gargaarsa hin barbaadu. Kanaafu, wanti Isa waliin uumamtoota uumu ykn too’atu hin jiru jechuudha. Asirraa ka’uun yaanni sillasee ykn Iyyasuus (aleyh salaam) goofaadha jedhu soba akka ta’e ni hubanna. Goofaan wanta hundaa uumu Rabbii tokkicha. Isa waliin waa kan uumu hin jiru.

“Faarfamaadha.” Kana jechuun sifaataa (amaloota) gugguutuu waan qabuuf, amaloota hanquu hunda irraa qulqulluu waan ta’eeef, uumamtoota Isaa waan qananiiseef Rabbiin faarfamaadha.

Gara hundaan Inni faarfamaadha. Zaata Isaa keessatti faarfamaadha. Sifaata Isaa keessatti faarfamaadha. Sifaanni Isaa hundi faaruu hundarra guutuu ta’eetu malaaf. Sababni isaas, sifaata guddinnaa fi guutuu waan ta’aniif. (Amaloota guutuu kan qabu ni faarfamaa miti ree?) Wanta hojjatee fi uumee hundaaf Inni ni faarfama. Wanta itti ajajee fi dhoowwe hundaaf ni faarfama. Addunyaa fi Aakhiratti wanta gabroota jidduutti murteesseef ni faarfama.[\[7\]](#)

Kitaabban wabii:

[\[1\]](#) Tafsiiru Tahrir wa tanwiir-3/29, Ma’ariju tafakkuri-11/740

[\[2\]](#)

Tafsiiru muyassar-413, Tafsiiru Xabarii-18/569, Tafsiiru Tahriir wa tanwiir-21/177

- [3] Ma'aariju tafakkuri-11/741
- [4] Gabaabbinnaan tafsiiru xabarri-18/570, Tafsiiru muyassar-413
- [5] Tafsiir Xabarii-18/570-571, Tafsiir Muyassar-413
- [6] Ma'aariju Tafakkuri wa daqaa'iqu tadabburi- 11/748-749
- [7] Tafsiir Sa'dii-764

Date Created

October 20, 2020

Author

admin